Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee ti Piroojektii READ II Waliin Ta'uun Kan Qophaa'e

Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 7ffaa Sagantaa "Barnoonni Mana Kiyyatti"tiif Qophaa'e

Guduunfaa Boqonnaa 13

Caamsaa Bara 2012

Finfinnee

Hubachiisa:

- Sagantaa “Barnoonni Mana Kiyyatti” jedhu kan guduunfaa barnoota seemisteera 2ffaa qopheessee isiniif dhiyeesse piroojaktii READ II deeggarsa qarshii dhaabbata gargaarsa misoomaa biyyoolessaa Ameerikaa (USAID) irraa argatuuni. Qabiyyeen barreeffama kana keessatti argaman hundi itti gaafatamummaa piroojaktii hojii kana gaggeessuu yammuu ta’u ejjennoo USAID ykn mootummaa Ameerikaa kan ibsuudha jechuu miti.

Piroojaktii READ II

- Kaayyoon READ II bara 2022 A.L.A. dandeettii dubbisuu daa’imman miiliyoona 15 guddisuufi akka barnoota argatan deeggaruudha.Piroojaktichi naannolee jaha irratti kan xiyyeeffatu yammuu ta’u isaanis:- Finfinnee, Amaaraa, Oromiyaa, Soomaalii,S/S/kibbaa fi Tigraaydha. Haala kanaan jireenyi mijataa akka uumamuu fi Itoophiyaan guddina diinagdee, hawaasaa fi siyaasaa keessa akka galtuu gochuuf gahee guddaa taphata. Raawwiin Piroojaktii READ II kan ittiin hoogganamu ‘Creative Association International’tiin yammuu ta’u dhaabbanni deeggarsaa waliin hojjetanis nijiru. Kanneen keessaa ‘Education Development Center (EDC), World Vision International (WVI), International rescue Committee (ERC), Viyamna Blotery Group Ministeera barnootaa fi Biiroo Barnootaa Naannolee waliin ta’uuni.

Boqonnaa 13. Gamna Gamna Caalu

Bamaqaa (Maqdhaala)

Afaan Oromoo keessatti jechoonni iddoo maqaa bakka bu'anii galanii tajaajilan bamaqaa ykn maqdhaala jedhama. Maqdhaalli bakka galumsaa fi tajaajila isaan qabaniin bakka sadiitti qoodna. Isaanis: Maqdhaala matima mul'isan, antima mul'isanii fi abbummaa mul'isanidha. Jechoonni maqdhaala ta'an kunneen; antima, matima, abbummaa, ramaddii, saalaa fi lakkoofsa mul'isu.

Gabateen armaan gadii bamaqaalee akka armaan gadiitti ibsa.

Maqdhaala					
Matima yoo ibsan	Antima yoo ibsan	Abbummaa yoo ibsan	Ramaddii	Baay'ina	saala
Ana	Ana/na	Koo	1ffaa	Qeenxee	Hinfo'u
Nuyi	Nu	Keenya	1ffaa	Danuu	Hinfo'u
Ati	Si	Kee	2ffaa	Qeenxee	Hinfo'u
Isin	Isaan	Isaanii	2ffaa	Danuu/qeenxee	Hinfo'u
Inni	Isa	Isaa	3ffaa	Qeenxee	Dhiira
Isheen	Ishee	Ishee	3ffaa	Qeenxee	Dhalaa
Isaan	Isaan	Isaanii	3ffaa	Danuu	Hinfo'i

Shaakala 1.

Himoota armaan gadii maqdhaala keessaa baasiitii akaakuu isaaniin adda baasi.

1.Hiriyyaan isaa ala dhaabbatee dhaggeeffata.

2. Biyyi kun kan hundi keenya jaalannu dha.

3.Isaan namaaf hinbeekan.

4.Ani barnoota Afaan Oromoo barachuu baayyeen jaaladha

5. Maatiin keenya yeroo hundaa nu gorsu.

6. Isheen kormee intalaati.

7. Sanyiin isa waame.

Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee ti Piroojektii READ II Waliin Ta'uun Kan Qophaa'e

Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 7ffaa Sagantaa "Barnoonni Mana Kiyyatti"tiif Qophaa'e

Guduunfaa Boqonnaa 14

Caamsaa Bara 2012

Finfinnee

Hubachiisa:

- Sagantaa “Barnoonni Mana Kiyyatti” jedhu kan guduunfaa barnoota seemisteera 2ffaa qopheessee isiniif dhiyeesse piroojaktii READ II deeggarsa qarshii dhaabbata gargaarsa misoomaa biyyoolessaa Ameerikaa (USAID) irraa argatuuni. Qabiyyeen barreeffama kana keessatti argaman hundi itti gaafatamummaa piroojaktii hojii kana gaggeessuu yammuu ta’u ejjennoo USAID ykn mootummaa Ameerikaa kan ibsuudha jechuu miti.

Piroojaktii READ II

- Kaayyoon READ II bara 2022 A.L.A. dandeettii dubbisuu daa’imman miiliyoona 15 guddisuufi akka barnoota argatan deeggaruudha.Piroojaktichi naannolee jaha irratti kan xiyyeeffatu yammuu ta’u isaanis:- Finfinnee, Amaaraa, Oromiyaa, Soomaalii,S/S/kibbaa fi Tigraaydha. Haala kanaan jireenyi mijataa akka uumamuu fi Itoophiyaan guddina diinagdee, hawaasaa fi siyaasaa keessa akka galtuu gochuuf gahee guddaa taphata. Raawwiin Piroojaktii READ II kan ittiin hoogganamu ‘Creative Association International’tiin yammuu ta’u dhaabbanni deeggarsaa waliin hojjetanis nijiru. Kanneen keessaa ‘Education Development Center (EDC), World Vision International (WVI), International rescue Committee (ERC), Viyamna Blotery Group Ministeera barnootaa fi Biiroo Barnootaa Naannolee waliin ta’uuni.

Boqonnaa 14. HANQINA NYAATA DAA'IMMANII

Hiika Jechootaa

Afaan Oromoo keessatti jechoota hiika garaagaraa qabu. Jechoonni kun kophaa isaaniis ta'e hima keessatti hiriiraniin hiika of danda'e qabu. Hiika jechoonni qaban kana bakka lamatti qoodnee keenya. Isaanis hiika kallattii fi hiika bakka galumsaan qooduu dandeenya.

Jechoota hiika kallaattii qaban

Jechoota hiika kallattii qaban kan jedhaman hiriira guboo jechootaa keessatti hiika isaan qaban jechuudha.

Fakkeenyaaf,

buphaa_killeecimaa- jabaataa

baatii_addeessabooda - maayii

soba_kijiba/dharajigii- daboo

michuu_jaalallee

bakka_iddoo

hojii_dalagaa

daandii_karaa

saffisa _ariitii

Jechoota hiika galumsaa qaban

Jechoonni hiika galumsaa qaban haala keesssatti dubbatamu irratti hundaa'uun hiika kan argatanii dha. Jechi tokko hima garaagaraa keessatti hiika adda addaa qabaachuu danda'a.

Fakkeenyaaf,

1. Sanyii kana bakka **adda** ta'e kaa'i.

   Hiika: bakka filatame

2. Sagantaan kaleessaa **adda** ture.

   Hiika: bareedaa

3. Balballi manaa **adda** narukute.

- Hiika: qama namaa

4. Gootichi **adda** waraanaa jira.

- Hiika: dirree/bakka

5. Abbaankoo "**adda** qabaadhu" jedhee na eebbise.

- Hiika: carraa

Shaakala2

Himoota armaan gadii keessaa jechoota jala sararaman hiika isaanii barreessi.

1. Seera **mure.**

2. Garaa na **mure.**

3. Muka **mure.**

4. Seera **tume.**

5. Nama **tume.**

6. Sangaa **tume.**

7. Haaduu **tume.**

8. Buna **tume.**

9. Ani **bade.**

10. Amala **bade.**

11. Sanyiin **bade.**

Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee ti Piroojektii READ II Waliin Ta'uun Kan Qophaa'e

Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 7ffaa Sagantaa "Barnoonni Mana Kiyyatti"tiif Qophaa'e

Guduunfaa Boqonnaa 15

Caamsaa Bara 2012

Finfinnee

Hubachiisa:

- Sagantaa “Barnoonni Mana Kiyyatti” jedhu kan guduunfaa barnoota seemisteera 2ffaa qopheessee isiniif dhiyeesse piroojaktii READ II deeggarsa qarshii dhaabbata gargaarsa misoomaa biyyoolessaa Ameerikaa (USAID) irraa argatuuni. Qabiyyeen barreeffama kana keessatti argaman hundi itti gaafatamummaa piroojaktii hojii kana gaggeessuu yammuu ta’u ejjennoo USAID ykn mootummaa Ameerikaa kan ibsuudha jechuu miti.

Piroojaktii READ II

- Kaayyoon READ II bara 2022 A.L.A. dandeettii dubbisuu daa’imman miiliyoona 15 guddisuufi akka barnoota argatan deeggaruudha.Piroojaktichi naannolee jaha irratti kan xiyyeeffatu yammuu ta’u isaanis:- Finfinnee, Amaaraa, Oromiyaa, Soomaalii,S/S/kibbaa fi Tigraaydha. Haala kanaan jireenyi mijataa akka uumamuu fi Itoophiyaan guddina diinagdee, hawaasaa fi siyaasaa keessa akka galtuu gochuuf gahee guddaa taphata. Raawwiin Piroojaktii READ II kan ittiin hoogganamu ‘Creative Association International’tiin yammuu ta’u dhaabbanni deeggarsaa waliin hojjetanis nijiru. Kanneen keessaa ‘Education Development Center (EDC), World Vision International (WVI), International rescue Committee (ERC), Viyamna Blotery Group Ministeera barnootaa fi Biiroo Barnootaa Naannolee waliin ta’uuni.

Boqonnaa 15. GOWWUMMAA

Gaalee

Gaalee jechuun jecha ykn gurmuu jechootaa ta’ee xumura mataa isaa kan hinqabne dha. Gaaleen akka garee jechaa tokkootti kan walfaana hiriiran ykn waliin qindaa’anidha. Kana jechuun tajaajila gareen jechootaa kennuu danda’an kennuu danda’a.

Gaaleen akkaataa caaseffamaa fi tajaajila isaa irratti hundaa’uun bakka afuritti qoodama. Isaanis: gaalee maqaa, gaalee maqibsaa, gochimaa fi gaalee firoomsee ykn durduubee jedhamu.

Gaaleen maqaa

Gaaleen maqaa maqaa fi maqaarraa ykn maqaa fi jechoota maqicha ibsuuf wajjiin hiriiran irraa ijaaramuu danda’a.

Fakkeenya,

- Uffata dhiphoo
- Intala magaala
- Biiyya bal’aa

1.Inni uffata dhiphoo bite.

2. Intala magaala sana waami.

3. Biyya bal’aa qabna.

Himoota armaan olii keessatti kan jala sararaman **gaalee maqaadha**.

Gaalee maqibsii

Gaaleen maqibsii jecha maqibsii fi jechoota addaa addaa irraa ijaaramu.

Fakkeenyaaf,

- Intala magaala qal'oo sana yaami.
- Namtichi hamaa har'a hindhufne.
- Ijoollee jajjaboo shantu dhufe.
- Himoota armaan olii keessatti kan jala sararaman gaalee maqibsaati.

Gaalee gochimaa

Caaseffama hima Afaan oromoo keessatti gochimni xumura himaa irratti argama. Qindoominni gaalee kan gochimni keessatti argamu gaalee gochimaa jedhama.

Fakkeenyaaf,

- Bokkaan dirrisee robe.
- Isaan hojjechaa jiru.
- Milkiin sa'a gaadite.
- Himoota armaan olii keessatti kan jala sararame **gaalee gochimaati**.

Gaalee firoomsee

Gaaleen kun jechoota firoomsee fi jechoota ykn qaamolee jechoota adda addaa irraa caaseffama.

Fakkeenya 1

- Namoonni muka (…) taa'u.
- Himni kun dhaamsa hindabarsu. Jechi ykn firoomseen himicha keessaa hafe hiika himichaatiif murteessaadha.

Fakkeenya 2

- Namoonni (…) jalataa’u.

Himni kun dhaamsa nidabarsa. Ifa ta’uu baatullee, namoonni waan tokko jala akka taa’aa jiran ibsa. Jechi himicha keessaa hafe hiika himichaatiif murteessaa miti. Kanaaf, hima ‘namoonni muka jala taa’u’jedhu keessatti kan jala sararame gaalee firoomseeti.

Fakkeenya 3

Kan jala sararame gaalee firoomsee dha.

1. Gurbichi akka bineensaa nama baqata.

2. Aagaan farda allaatti hidhe.

3. Doktorri waa’ee fayyaa dubbata.

Shaakala3

Himoota armaan gadii keessaa gaalee akaakuudhaan addaan baasi.

1.Qe’ee bal’aa keessa jiraata.

2.Uffata haphii cicciree gate .

3.Namichi diimaa bareedaa konkolaataa bite.

4.Dhalli namaa mana keessa jiraata.

5. Dhugumaan huccuu hodha.

Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee ti Piroojektii READ II Waliin Ta'uun Kan Qophaa'e

Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 7ffaa Sagantaa "Barnoonni Mana Kiyyatti"tiif Qophaa'e

Guduunfaa Boqonnaa 16

Caamsaa Bara 2012

Finfinnee

Hubachiisa:

- Sagantaa “Barnoonni Mana Kiyyatti” jedhu kan guduunfaa barnoota seemisteera 2ffaa qopheessee isiniif dhiyeesse piroojaktii READ II deeggarsa qarshii dhaabbata gargaarsa misoomaa biyyoolessaa Ameerikaa (USAID) irraa argatuuni. Qabiyyeen barreeffama kana keessatti argaman hundi itti gaafatamummaa piroojaktii hojii kana gaggeessuu yammuu ta’u ejjennoo USAID ykn mootummaa Ameerikaa kan ibsuudha jechuu miti.

Piroojaktii READ II

- Kaayyoon READ II bara 2022 A.L.A. dandeettii dubbisuu daa’imman miiliyoona 15 guddisuufi akka barnoota argatan deeggaruudha.Piroojaktichi naannolee jaha irratti kan xiyyeeffatu yammuu ta’u isaanis:- Finfinnee, Amaaraa, Oromiyaa, Soomaalii,S/S/kibbaa fi Tigraaydha. Haala kanaan jireenyi mijataa akka uumamuu fi Itoophiyaan guddina diinagdee, hawaasaa fi siyaasaa keessa akka galtuu gochuuf gahee guddaa taphata. Raawwiin Piroojaktii READ II kan ittiin hoogganamu ‘Creative Association International’tiin yammuu ta’u dhaabbanni deeggarsaa waliin hojjetanis nijiru. Kanneen keessaa ‘Education Development Center (EDC), World Vision International (WVI), International rescue Committee (ERC), Viyamna Blotery Group Ministeera barnootaa fi Biiroo Barnootaa Naannolee waliin ta’uuni.

Boqonnaa 16: Misooma Qonnaa

Ciroo

Ciroon garee jechootaa kan matimaa fi xumura qabani dha. Xumurtoota ilaaluun ergaa maalii akka dabarsuu barbaade hubachuun nidanda'ama. Haata'umalee, hiika guutuu dabarsuuf wanti hafu jiraachuu ni mala.

Ciroo bakka lamattiq oodama.

- Ciroo ofdanda'aafi
- Ciroo hirkataa jedhamu

Ciroon of danda'aa kan jedhamu qama guddaa himaa ta'ee kophaa isaa yoo dhaabbatus ergaa dabarsuu danda'a. Ciroo hirkataa kan jedhamu immoo ofdanda'ee ergaa mataa isaa dabarsuu kan hindandeenye dha. Ciroon hirkataa ergaa dabarsuuf ciroo ofdanda'aatti hirkachuu isa barbaachisa.

Fakkeenya,

a) Saffisaan waandeemeef (ciroo hirkataa)

b) Dafee gahe (ciroo ofdanda'aa)

Ciroon hirkataa fi ofdanda'aa walitti yoo dhufan hima ergaa guutuu ta'e qabu dabarsa. Akkasumas,ciroowwan of danda'oo lama walitti dhufuun hima tokko ijaaruu danda'u. ciroowwan armaan olii hirkataa fi ofdanda'aa yoo ta'an walitti dhufuudhaan hima ergaa guutuu qabu dabarsuu danda'a.

Saffisaan waan deemeef dafee gahe.

(hima ciroo hirkataa fi ofdanda'aa irraai jaarame)

Ciroo hirkataa= saffisaan waan deemeef

Ciroo of-danda'aa= dafee gahe

Ilaaleera; hoomtuu hinjiru.

(hima ciroo ofdanda’aa lama irraa ijaarame)

Ciroo ofdanda’aa= ilaaleera

Ciroo ofdanda’aa= hoomtuu hinjiru

c)Hinturiin; dafii kottu.

- (lamaan isaa ciroo ofdanda’aati.)

Shaakala4)

Himoota armaan gadii keessaa ciroo hirkataa fi ofdanda’aa ta’an baasi.

1.Barnoota kee sirriitti yoo qu’atte qabxii gaarii fidda.

2.Dhibeerraa ofirraa ittisuuf qulqullina ofii eeggachuun barbaachisaadha.

3.Daddafee waan nyaateef midhaan isa hudhe.

4. Hiyyummaa keessaa bahuuf cimanii hojjechuudha.

5. Humnaa ol taphachuun miidhaaf nama saaxila.

Shaakala 5)

Ciroo hir’ate itti guuti.

a. Saffisaan waan barreeseef_____

b. _____loonxa’ee jira.

c. Keeyyatni kun duraaduuba isaa waan hin eegneef_____

d. Qalbiin namni deemu_____

e. _____natti tolee jira.

f. _____Hubannoo namaa dabala.

g. _____garaan bokoke.

Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee ti Piroojektii READ II Waliin Ta'uun Kan Qophaa'e

Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 7ffaa Sagantaa "Barnoonni Mana Kiyyatti"tiif Qophaa'e

Guduunfaa Boqonnaa 17

Caamsaa Bara 2012

Finfinnee

Hubachiisa:

- Sagantaa “Barnoonni Mana Kiyyatti” jedhu kan guduunfaa barnoota seemisteera 2ffaa qopheessee isiniif dhiyeesse piroojaktii READ II deeggarsa qarshii dhaabbata gargaarsa misoomaa biyyoolessaa Ameerikaa (USAID) irraa argatuuni. Qabiyyeen barreeffama kana keessatti argaman hundi itti gaafatamummaa piroojaktii hojii kana gaggeessuu yammuu ta’u ejjennoo USAID ykn mootummaa Ameerikaa kan ibsuudha jechuu miti.

Piroojaktii READ II

- Kaayyoon READ II bara 2022 A.L.A. dandeettii dubbisuu daa’imman miiliyoona 15 guddisuufi akka barnoota argatan deeggaruudha.Piroojaktichi naannolee jaha irratti kan xiyyeeffatu yammuu ta’u isaanis:- Finfinnee, Amaaraa, Oromiyaa, Soomaalii,S/S/kibbaa fi Tigraaydha. Haala kanaan jireenyi mijataa akka uumamuu fi Itoophiyaan guddina diinagdee, hawaasaa fi siyaasaa keessa akka galtuu gochuuf gahee guddaa taphata. Raawwiin Piroojaktii READ II kan ittiin hoogganamu ‘Creative Association International’tiin yammuu ta’u dhaabbanni deeggarsaa waliin hojjetanis nijiru. Kanneen keessaa ‘Education Development Center (EDC), World Vision International (WVI), International rescue Committee (ERC), Viyamna Blotery Group Ministeera barnootaa fi Biiroo Barnootaa Naannolee waliin ta’uuni.

Boqonnaa 17: Wal’aansa

Hima

Hima jechuun qindoomina gurmuu garee jechootaati. Himni tokko ijaaramuuf yoo xiqqaate garee jechootaa lama ykn maqaa fi gochima irraa ijaaramuu qaba. Maqaan ykn matimni qaama gocha himichaa raawwatu dha. Gochimni immoo gocha raawwatame sana kan ibsu dha.

Fakkeenya,Sanyiin dhufe.

Himni kun ergaa guutuu kan dabarsudha. Hima maqaa fi gochima irraa ijaaramedha. Sanyiin matima yoo ta’u; dhufe kan jedhu immoo gochima mul’isa.

Tajaajila isaa irratti hundaa’uun hima bakka afuritti qoodamu. Isaanis :hima himamsaa, hima gaaffii, hima ajajaa fi hima raajeffannoo jedhamu.

Akaakuu himootaa kana fakkeenya isanii akka armaan gadiitti ilalla.

Hima himamsaa: kana jechuun himoota haqaa fi yaadaa ta’ani dha.

- Ati barataa cimaadha.
- Naachi bishaan keessa jiraata.
- Biqiltuun bishaan argate hingogu.
- Akaakuun halluu hedduutu jira.

Hima gaaffii: Inni kun akaakuu himaa kan deebii barbaadudha. Deebiin argamus murtaawaa ykn kan hinmurtoofne ta’uu danda’a.

- Har’a guyyaan maalidha?
- Finfinneen kutaa bulchiinsaa meeqa qabdi?
- Birbirsa gooroo beektaa?
- Gilgaala kana shaakaltanii?

Himaajajaa:

- Dafii kottu!
- Gadi bahi!
- Qajeelfama eegi!
- Qabii deemi!

Hima raajeffannoo:

- Baga gammadde!
- Nan badekaa!
- Ajaa’iba!
- Mallattoon raajeffannoo dhimmoota sadiif gargaaramuu dandeenya. Isaanis: ajajaa, dinqisiifannaa ykn raajeffachuu fi tuffachuu keessatti gargaaramna.

Shaakala6

Himoota armaan gadii akaakuu himaan addaan baasi.

1.Hasan eessa jiraataa?

2. Oromoon Hora finfinneetti irreeffata.

3. Gadi badii namaa!

4. Sagalee qaba!

5. Uffata jijjiirrattee?

6. Sin jaalladha haadhakoo!

7. Nyaata marqaa sirriittin jaaladha.

8. Soba kee nutti hinafuufiin!

Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee ti Piroojektii READ II Waliin Ta'uun Kan Qophaa'e

Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 7ffaa Sagantaa "Barnoonni Mana Kiyyatti"tiif Qophaa'e

Guduunfaa Boqonnaa 18

Caamsaa Bara 2012

Finfinnee

Hubachiisa:

- Sagantaa “Barnoonni Mana Kiyyatti” jedhu kan guduunfaa barnoota seemisteera 2ffaa qopheessee isiniif dhiyeesse piroojaktii READ II deeggarsa qarshii dhaabbata gargaarsa misoomaa biyyoolessaa Ameerikaa (USAID) irraa argatuuni. Qabiyyeen barreeffama kana keessatti argaman hundi itti gaafatamummaa piroojaktii hojii kana gaggeessuu yammuu ta’u ejjennoo USAID ykn mootummaa Ameerikaa kan ibsuudha jechuu miti.

Piroojaktii READ II

- Kaayyoon READ II bara 2022 A.L.A. dandeettii dubbisuu daa’imman miiliyoona 15 guddisuufi akka barnoota argatan deeggaruudha.Piroojaktichi naannolee jaha irratti kan xiyyeeffatu yammuu ta’u isaanis:- Finfinnee, Amaaraa, Oromiyaa, Soomaalii,S/S/kibbaa fi Tigraaydha. Haala kanaan jireenyi mijataa akka uumamuu fi Itoophiyaan guddina diinagdee, hawaasaa fi siyaasaa keessa akka galtuu gochuuf gahee guddaa taphata. Raawwiin Piroojaktii READ II kan ittiin hoogganamu ‘Creative Association International’tiin yammuu ta’u dhaabbanni deeggarsaa waliin hojjetanis nijiru. Kanneen keessaa ‘Education Development Center (EDC), World Vision International (WVI), International rescue Committee (ERC), Viyamna Blotery Group Ministeera barnootaa fi Biiroo Barnootaa Naannolee waliin ta’uuni.

Boqonnaa 18: Naacha

Sababaafibu'aa

Sababa kan jedhamu uumamuu waan tokkootiif ka'umsa kan ta'u yommuu ta'u, bu'aan immoo waan ka'umsicha irraa argame dha. Sababaa fi bu'aan yeroo hundaa kan walbiraa hafan miti. Sababni yoo jiraate bu'aanis ni jira; bu'aan jiraannaanis sababni ni jira. Bu'aa gaafa jennu faallaa jecha isa 'kasaaraa'jedhu Sanaa akka hintaane beekuun barbaachisa.

Fakkeenya 1

- Dhukkubni COVID 19 babal'achuun namoota hedduu addunyaa kanarraa galaafate. Hima kana keessatti babal'achuun COVID 19 sababa yoo ta'u; galaafatamuun namootaa immoo bu'aadha.

Fakkeenya 2

- Mucichi muka waan yaabbateef irraa kufe.
- Sababa- Mucichi muka yaabbachuu
- Bu’aa- kufuuisaa

Shaakala7

1. Himoota armaan gadii keessaa sababaa fi bu’aa isaanii baasii barreessi.

- Fayyaa ta’uun koo, qulqullina sirriitti waan eeggadhuufi dha.
- Sababa:_____
- Bu’aa:_____

2. Welluu Galaanaa Gaaromsaa dhaggeeffadheen, hedduunatti tole.

- Sababa: _____
- Bu’aa:_____

3. Gorsa namaa dhaggeeffachuun, daandii qajeelaatti nama deebisa.

- Sababa: _____
- Bu’aa:_____

4. Kosii daandii irratti gatuun magaalaa faala.

- Sababa: _____
- Bu’aa:_____

5. Manni barumsaa waan cufameef, hiriyoota koon yaade.

- Sababa:_____
- Bu’aa:_____

6. Kitaaba dubbisuun beekumsa guddisuudha.

- Sababa:_____
- Bu’aa:_____

Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee ti Piroojektii READ II Waliin Ta'uun Kan Qophaa'e

Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 7ffaa Sagantaa "Barnoonni Mana Kiyyatti"tiif Qophaa'e

Guduunfaa Boqonnaa 19

Caamsaa Bara 2012

Finfinnee

Hubachiisa:

- Sagantaa “Barnoonni Mana Kiyyatti” jedhu kan guduunfaa barnoota seemisteera 2ffaa qopheessee isiniif dhiyeesse piroojaktii READ II deeggarsa qarshii dhaabbata gargaarsa misoomaa biyyoolessaa Ameerikaa (USAID) irraa argatuuni. Qabiyyeen barreeffama kana keessatti argaman hundi itti gaafatamummaa piroojaktii hojii kana gaggeessuu yammuu ta’u ejjennoo USAID ykn mootummaa Ameerikaa kan ibsuudha jechuu miti.

Piroojaktii READ II

- Kaayyoon READ II bara 2022 A.L.A. dandeettii dubbisuu daa’imman miiliyoona 15 guddisuufi akka barnoota argatan deeggaruudha.Piroojaktichi naannolee jaha irratti kan xiyyeeffatu yammuu ta’u isaanis:- Finfinnee, Amaaraa, Oromiyaa, Soomaalii,S/S/kibbaa fi Tigraaydha. Haala kanaan jireenyi mijataa akka uumamuu fi Itoophiyaan guddina diinagdee, hawaasaa fi siyaasaa keessa akka galtuu gochuuf gahee guddaa taphata. Raawwiin Piroojaktii READ II kan ittiin hoogganamu ‘Creative Association International’tiin yammuu ta’u dhaabbanni deeggarsaa waliin hojjetanis nijiru. Kanneen keessaa ‘Education Development Center (EDC), World Vision International (WVI), International rescue Committee (ERC), Viyamna Blotery Group Ministeera barnootaa fi Biiroo Barnootaa Naannolee waliin ta’uuni.

Boqonnaa 19: Bosonuu

Keeyyata

Keeyyata jechuun maal jechuudha?

Keeyyata jechuun barreeffama qindoomina himootaa irraa ijaaramu ta'ee yaada ijoo tokko qofa irratti kan xiyyeeffatedha. Keeyyatni tokko barreeffamuuf qaama keeyyata tokkoo kan ta'an of keessaa qabaachuu qaba. Isaanis,

- Mata duree_dhimma keeyyatichi irratti barraa'u.
- Hima ijoo_yaada ijoo keeyyatichaa kan of keessatti qabatu.
- Himoota calla_yaada hima ijoo bal'inaan ibsan
- Hima goolobaa_gudunfaa yaada keeyyatichaa

Qabxiiwwan armaan olii kunneen keeyyata tokko keessatti qindoominaan yoo barreeffaman yaada ijoo barreeffama Sanaa dabarsuu danda'u. Gama biraatiin, Keeyyata tokko keessatti sirni tuqaaleefi qubguddeessi, walqabsiiftonnii fi duraa duubini yaadaa qama ijaarsa keeyyata tokkooti.

Keeyyata tokko barreessuun dura gumeetu qophaa'a. Barbaachisummaan gumee duraa duuba yaadaa eeguun keeyyatni tokko akka barreeffamuuf akeeka. Akkasumas, keeyyaticha keessatti yaadni akka hin irraanfatamne ykn yaadachiisuuf gargaara.

Fakkeenya keeyyata armaan gadii ilaali. Keeyyaticha barreessuun dura gumee keeyyatichaa akka armaan gadiitti taa’a.

Akkaataa eebbaa

-hangafaaf quxusuun

- gosaan

-umuriidhaan

-dirree fi qe’een

- Tokkummaa eebbaa gosoota oromoo

Eebba

*Aadaa Orormoo keessatti eebbi akkaataa itti eebbifamu qaba.Hangafaafi quxusuun walwaamee eenyu akka hangafu erga walhubatanii booda, tartiiba isaanii eeggachaa eebbisu. Osoo hangafni jiruu quxusuun hineebbisu. Hangafummaan immoo umurii dheerina osoo hintaane, gosa ykn hidda dhalootaati. Gaafa gosni tokko qofni waliin eebbisu garuu, hangafummaan umuriidhaan ta'uu mala. Akkasumas, dirree fi qe'ee ofii keessatti abbuma dirreetu dursee eebbisa. Hangafni jiraatuyyuu, dirree ykn qe'ee isaa irratti warra dirreetu dursee eebba saaqa. Eebbi gosoota oromoo iddoodhaa iddootti garaagarummaa loqoda afaaniifi dirree waamaniin garaagarummaa haaqabaatan malee, kaayyoo fi galmi akkasumas adeemsi isaanii tokkumadha***.**

Himni ijoo keeyyata kanaa jalqaba irratti kan dhufe. *"Aadaa Orormoo keessatti eebbi akkaataa itti eebbifamu qaba" kan jedhudha. Yaadni golobaa keeyyaticha keessatti ibsame adeemsi, kaayyoo fi galmi eebbi oromoo tokko ta'uu isaa kan ibsudha. Himoonni hafan kanneen immoo yaada calla keeyyatichaati. Isaan kun yaada hima ijoo duraa duubaa fi bal'inaan kan ibsanidha.*

- **Yaadachiisa**

Keeyyata tokko keessatti himni ijoo bakka garaagaraatti dhufuu danda'u. Bakka himni ijoo itti dhufuu danda'u: jalqaba keeyyataa, gidduu keeyyataa, dhuma keeyyataa fi jalqabaa fi dhuma keeyyataatti dha. Himni ijoo tokko jalqabaa fi dhumarratti dhufa yoo jennu yaada garaagaraa qaba jechuu miti.

Shaakala8

Barreeffama armaan gadii keessaa qaamolee keeyyataa (himaijoo, himoota callaa fi hima golobaa) keessaa baasi

Mana

Fedhii bu’uuraa kan ilma namaaf guutaman keessaa tokko mana. Manni kan keessa jiraatan. Akkasumas, kan keessatti hojjetan bu’aa hojii ilma namaati. Ilmi namaa mana keessa jiraachuu yoom akka jalqabe hinbeekamu. Haata’u malee holqaa fi tulluu jala jiraachaa akka ture seenaan nimirkaneessa. Namni mana ijaaree keessa jiraachuu erga eegalee waggootii kuma hedduu ta’eera. Jijjiirama wagga hedduu keessatti ijaarsi manaa fooyya’aa dhufee har’a gahee jira. Biiftuuqaroominaa mul’ataa dhufeen ijaarsi manaa; mana holqaa fi tulluu seenaa taasisee jira.

Shaakala 9

Himootni armaan gadii tartiibaan hinteenye. Tartiiba sirriin erga

Keessee booda gara keeyyataatti jijjiirii barreessi.

1. Bishaan danfetti buna tumame itti naqu.
2. Itti aansuun bunicha hakoofna.
3. Buna danfe siniitti buufnee dhugna.
4. Bishaan jabanaatti naquun abiddarra kaahama.
5. Buna danfisuuf bunicha sirriitti dhiqama.
6. Walumaagalatti buna danfisuuf adeemsa mataa isaa ta’e qaba.
7. Erga inni sirriitti danfee booda jabanicha abidda irraa fuunee lafa keenya.
8. Sana booda buna danfe dhuguu dandeenya.

Sirna Tuqaalee

Sirni tuqaalee barreeffama tokkoof hiika kenna. Akkasumas, sirni tuqaalee barreeffama tokko kan guutuu taasisanidha. Bakka sirrii ta'etti tuqaalee fayyadamuu dhiisuun hiika barreeffamni sun qabu jijjiiruu danda'u. kanaafuu, sirna tuqaalee barreeffama tokko keessatti bakka sirrii ta'etti fayyadamuun barbaachisaa dha. Bakka galumsa isaanii irratti hundaa'uun bakka lamatti hiruu dandeenya.

1. Sirna tuqaalee xumuraafi
2. Sirna tuqaalee keessaa jedhamu.

Sirni tuqaalee xumuraa kanneen jedhaman warra xumura himaatti dhufanidha. Isaanis: mallattoo gaaffii, mallattoo raajeffannoo fi tuqaadha.

Fakkeenya,

a. Eessa deemta?

b. Ajaa'iba!

c. Dhugaasaan Finfinnee keessajiraata.

Sirna tuqaalee *keessaa* kan jedhaman immoo warra hima keessatti dhimma tokkoof galani dha. Isaan keessaa qoodduu (,)tuttuqaa (…), waraabbii dachaa (“ ”), fi sarara xiqqaa (-) kaasuun ni danda’ama. Himoota armaan gadii keessatti sirni tuqaalee kun bakka garaa garaatti galuun yoo tajaajilan agarsiisu.

Fakkeenya,

1. Abdiisaan bara 1985 A.L.A tti dhalate.

- Hima kana keessatti tuqaan tajaajila lama yoo kennu argina. Isaanis,
- Dhuma himaatti dhufuun xumuramuu himichaa kan agarsiisudha.
- Jecha gabaajee agarsiisa. Innis A.L.A kan jedhu.

2. Vaayiresii koronaa COVID-19 akkamiin of irraa ittisna?

- Hima kana keessatti mallattoon gaaffii odeeffannoo ykn deebii barbaacha ibsuuf kan tajaajiludha. Deebiin argamu murtaa’aa ykn kan hinmurtoofne ta’uu danda’a.

3. a)Safuu! Yaa bara kanaa!

b) Of-jajjuu! Amma kunnamaa!

Raajeffannoon hima yaada dinqisiifannoo kan ibsu dha. Gama biraatiin, yaada tuffii ibsuuf ni gargaara.

Himoonni yaada akkasii of keessaa qaban sirna tuqaalee keessaa raajeffannoo fudhatu. Himoota armaan olii keessaa 3a jala jiran yoo ilaalle yaada dinqisiifannaa ibsuuf kan dhaabatani dha. Raajeffannoon fakkeenya 3b jala jirutiffii mul'isuuf kan dhaabbate dha. Kanaafuu, dinqisiifannaafis ta'e tuffii ibsuuf mallattoo raajeffannoo gargaaramna.

4a) Meeshaaleen barnootaaf gargaaran: kobbee, barruu, kitaabaafi kkf.

b. Fulbaana 22,2012 dhalate.

c. Obboleettiin koo, isheen quxusuu, baadiyyaa deemte.

Himoota armaan olii keessatti qoodduun tarreeffama guyyaa fi baraa, akkasumas maqaa fi ibsa maqaa addaan baasudha.

5a) "yeroo keessan sirnaan fayyadamaa" jedhee nu gorse abbaan

Coqorsoo.

Mallattoon waraabbii dachaa yaada nama sadaffaa dubbate ibsuuf gargaara. Fakkeenya armaan olii keessatti yaada abbaa Coqorsoo akka jirutti nama sadaffaatti yoo himnu kan agarsiisudha.

6a) soorata qama namaa ijaaran: foon, buphaa, aannan …fa'idha.

Tuq-lameen waantoota lamaa ol ta'anii walitti aananii dhufan tarreessuuf gargaara.

b) Qubeen Afaan oromoo A B C…jedhee jalqaba.

Himoota armaan olii keessatti yaadni ka'e tokko kan hafe ykn hinxumuramiin jiraachuu mul'isa. Kanaafuu, mallattoon tuttuqaa barreeffama tokko keessatti yaadi tokko hafuu isaa mul'isa.

Shaakala 1o

Himoota armaan gadii bakka sirni tuqaalee galuu qabu galchi.

1. Milkiin obboleessi koo naqu'achiisaa jira jette

2. Barnoota koo yoon xumuru kaappiteenii xiyyaaraan ta'a

3.Uummanni tajaajila geejjiba ammayyaa taaksii atoobisii baabura xiyyaaraa doqdoqee fi biskileetii fayyadamu

4.Maatiin waljaallatu gammachuu qaba

5.Duudhaa Oromoo biratti halluun sadii hiikkaa addaa qabu gurraacha diimaa fi adii

Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee ti Piroojektii READ II Waliin Ta'uun Kan Qophaa'e

Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 7ffaa Sagantaa "Barnoonni Mana Kiyyatti"tiif Qophaa'e

Guduunfaa Boqonnaa 20

Caamsaa Bara 2012

Finfinnee

Hubachiisa:

- Sagantaa “Barnoonni Mana Kiyyatti” jedhu kan guduunfaa barnoota seemisteera 2ffaa qopheessee isiniif dhiyeesse piroojaktii READ II deeggarsa qarshii dhaabbata gargaarsa misoomaa biyyoolessaa Ameerikaa (USAID) irraa argatuuni. Qabiyyeen barreeffama kana keessatti argaman hundi itti gaafatamummaa piroojaktii hojii kana gaggeessuu yammuu ta’u ejjennoo USAID ykn mootummaa Ameerikaa kan ibsuudha jechuu miti.

Piroojaktii READ II

- Kaayyoon READ II bara 2022 A.L.A. dandeettii dubbisuu daa’imman miiliyoona 15 guddisuufi akka barnoota argatan deeggaruudha.Piroojaktichi naannolee jaha irratti kan xiyyeeffatu yammuu ta’u isaanis:- Finfinnee, Amaaraa, Oromiyaa, Soomaalii,S/S/kibbaa fi Tigraaydha. Haala kanaan jireenyi mijataa akka uumamuu fi Itoophiyaan guddina diinagdee, hawaasaa fi siyaasaa keessa akka galtuu gochuuf gahee guddaa taphata. Raawwiin Piroojaktii READ II kan ittiin hoogganamu ‘Creative Association International’tiin yammuu ta’u dhaabbanni deeggarsaa waliin hojjetanis nijiru. Kanneen keessaa ‘Education Development Center (EDC), World Vision International (WVI), International rescue Committee (ERC), Viyamna Blotery Group Ministeera barnootaa fi Biiroo Barnootaa Naannolee waliin ta’uuni.

Boqonnaa 20. Xalayaa Barreessuu

Xalayaan mala namoonni barreeffamaan ergaa itti walii dabarsani dha. Xalayaan akaakuu garaagaraa qaba. Walumaagalatti xalayaan bakka lamatti qoodama. Isaanis: Xalayaa dhuunfaa ykn xalayaa firaa fi Xalayaa hojii jedhamu.

Xalayaa dhuunfaa

Xalayaan dhuunfaa fira, hiriyaa ykn namoota walitti dhufeenya qaban gidduutti kan barreeffamu dha. Akaakuu xalayaa Kanaan nagaa walgaafachuu, walaffeeruu, rakkoo gaddaa fi gammachuu walitti himuu fi dhaamsa walii dabarsuun ni danda'ama. Xalayaan dhuunfaa qaama afur qaba.

Isaanis,

1.Teessoo nama erguu

2. Teessoo nama ergamuuf

3. Qabiyyee xalayichaa

- Seensa,
- qaama,
- Cuunfaa dha

4. Gudunfaa yaada

Xalayaan dhuunfaa tokko yoobarreeffamu qaamni xalayichaa uunkaa bifa armaan gadiitiin barreeffama.

1._____
_____
_____

2._____
_____
_____

3._____
_____
_____
_____
_____

_____
_____
_____

4._____
_____

Ibsa

- Teessoo nama erguu
- Seensa
- Qabiyyee xalayichaa (seensa, ergaa, goloba)
- Gudunfaa

Xalayaan qabiyyee armaan olii of keessatti qabatee barraa’e poostaan saamsamee qama barreeffameef ergama. Dugdaafi dura poostaatti teessoon nama barreessee fi barreeffamee ni barreeffama.

Fakkeenya xalayaa dhuunfaa

Guyyaa 12/09/2012
Barataa Buttaa Badhaasoo
Kutaa bul. Gullallee
M/b Jeneraal Waaqoo Guutuu
L.S.P _____
Finfinnee

Jaallatamaa hiriyyaa koo Damee Gammachiitiif

Dame akkamjirta? Rabbiif haagalatu ani nagaa kooti.Haala dhukkuba yeroo ammaa tatamsa'aa jiruun walqabatee addunyaan yaaddoo guddaa keessa galtee jirti. Biyyi keenyas dhukkubni kun akka hin babal'anneef barnoota addaan kunnee manatti akka gallu taasiftee jirti. Egaa aniifi maatiin koo dhibee kana irraa of eegaajirra. Tooftaalee ittiin dhukkuba kana ofirraa ittisan keessaa harka keenya yeroo yeroon dhiqachuufi fuula keenya harkaan tuttuquu irraa ofqusachuun yoomuu dagatamuu kan hinqabne ta'uu hubannee ofirraa ittisaa jirra. Akkasumas,bakka namoonni baay'atanitti argamuu irraa ofqusachuun, qajeelfama ogeeyyiin fayyaa nutti himan sirriitti hojiirra oolchaa jira. Gama biraatiin kitaabilee garaagaraa dhuunfaadhaan dubbisaan jira.

Dame atiifi maatiin keehoo akkamitti dhibee kana ofirraa ittisaa jirtu? Dhibeen COVID-19 jedhamu kun baa'ee hamaa fi saffisaan nama miidhudha. "Baraa fi murxuxxee gadi jedhanii jaladarbu" akkuma jedhamu dhibeen baraa kun hanga nurra darbutti maaloo ofeeggannoo cimaa taasisi. Yeroo boqonnaa kee kanatti kitaabilee barnootaa garaagaraa dubbistee dandeettii kee daran akka cimsitu abdiin sirraa qaba.

Hanga ijaan wal-arginutt inagaatti.

Hiriyaakee
Buttaa Badhaasoo

Xalayaa Hojii

Xalayaan hojii dhimmoota hojii ilaalchisee kan barreeffamu dha. Xalayaan kun yoo barreeffamu:

- Namoota irraa gara waajjiraatti
- Waajjira tokko irraa gara waajjiraatti
- Waajjira tokko irraa gara nama dhuunfaatti barreeffamuu danda'a.

Xalayaan kun yoo barreeffamu qama shan of keessaa qabaachuu danda'a. Isaanis,

a)Teessoo abbaa barreessuu,Lakkoofsaa fi guyyaa xalayaan itti barreeffame.

b) Waajjira xalayaan barreeffameef

c) Qabiyyee xalayaa (seensa, qaama fi guduunfaa)

d) Dhaamsa nagaa fi hawwii

e) Mallattoo, maqaa fi gahee hojii

Qaamni xalayaa hojii uunkaa bifa armaan gadiitiin barreeffama.

a)_____

_____

_____

b)_____

_____

C)_____

_____

_____

_____

_____

_____

_____

d)_____

e)_____

Shaakala 11

1. Xalayaa jechuun maal jechuu dha?

2.Garaagarumman xalayaa dhuunfaa fi hojii gidduu jiru maali?

3. Qaama xalayaan hojii tokko qabu maal fa’i?

Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee ti Piroojektii READ II Waliin Ta'uun Kan Qophaa'e

Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 7ffaa Sagantaa "Barnoonni Mana Kiyyatti"tiif Qophaa'e

Guduunfaa Boqonnaa 21

Caamsaa Bara 2012

Finfinnee

Hubachiisa:

- Sagantaa “Barnoonni Mana Kiyyatti” jedhu kan guduunfaa barnoota seemisteera 2ffaa qopheessee isiniif dhiyeesse piroojaktii READ II deeggarsa qarshii dhaabbata gargaarsa misoomaa biyyoolessaa Ameerikaa (USAID) irraa argatuuni. Qabiyyeen barreeffama kana keessatti argaman hundi itti gaafatamummaa piroojaktii hojii kana gaggeessuu yammuu ta’u ejjennoo USAID ykn mootummaa Ameerikaa kan ibsuudha jechuu miti.

Piroojaktii READ II

- Kaayyoon READ II bara 2022 A.L.A. dandeettii dubbisuu daa’imman miiliyoona 15 guddisuufi akka barnoota argatan deeggaruudha.Piroojaktichi naannolee jaha irratti kan xiyyeeffatu yammuu ta’u isaanis:- Finfinnee, Amaaraa, Oromiyaa, Soomaalii,S/S/kibbaa fi Tigraaydha. Haala kanaan jireenyi mijataa akka uumamuu fi Itoophiyaan guddina diinagdee, hawaasaa fi siyaasaa keessa akka galtuu gochuuf gahee guddaa taphata. Raawwiin Piroojaktii READ II kan ittiin hoogganamu ‘Creative Association International’tiin yammuu ta’u dhaabbanni deeggarsaa waliin hojjetanis nijiru. Kanneen keessaa ‘Education Development Center (EDC), World Vision International (WVI), International rescue Committee (ERC), Viyamna Blotery Group Ministeera barnootaa fi Biiroo Barnootaa Naannolee waliin ta’uuni.

Boqonnaa 21: Odaa

Afoola

Afoolli bifa himamsaan (afaaniin) dhalootaa gara dhalootaatti darbudha. Afoolli beekumsa waliigala hawaasaa of keessatti qabata. Afoollii akaakuu hedduu of keessaa qaba. Isaan keessaa mammaaksa, hiibboo fi jechamni keessatti argamu.

Mammaaksa

Mammaaksi kuufama beekumsa uummataati. Mammaaksi yaada bal'aa tokko gabaabsee dhiheessa. Akkasumas, dubbii tokko ittiin jalqabuufis ta'e xumuruuf ni gargaara. Kanaaf mammaaksi koobaa dubbiiti jedhama. Mammaaksi haala keessatti mammaakame irratti hundaa'uun ergaa dabarsa. Kana jechuun yeroo fi bakka barbaachisaa ta'etti mammaakama jechuudha.

Fakkeenya,

a. Kan harree hin qabne farda namaa tuffatti. Ergaan mammaaksa ‘kanaa kan ofii hinqabne waan namaa tuffatti’ yaada jedhu qaba.

b. Qalbiin yoo fedhe iji ilala. Mammaaksi kun ergaa fedhii malee waan tokko yoo hojjetan akka hinmilkoofne ibsuufi dha.

Shaakala 12

Mammaaksa armaan gadii ergaa isaanii ibsi.

1. Gaangeen funyoo kutte jennaan ofitti gabaabsite.
2. Qunceen walgargaartee arba hiiti.
3. Haati hattuu intala hinamantu.

4. Nagaa wayya jedhee qamalee baqate.

5. Ollaaf dugdaan lafaa ka’u.

6. Ollaan bultee beekaa akkatti bule abbaatu beeka.

7. Eegeef gaabbiin booda deemti.

Shaakala 13

Barattoota! Kitaaba keessan fuula 100 irratti gilgaalli 5a fi 5b kennamee jira. Gilgaala 5a jala kan jiran walitti yoo firoomsi. lakkoofsa 5b jala kan jiru immoo mammaaksa eegalee hinxumuramiin xumuri.

Hibboo

Barattoota! Hiibboo taphattanii beektuu?

Gosootaa foolaa keessaa tokko hiibboodha. Hiibboon bifa gaaffii fi deebiitiin nama lamaafi lamaa olgidduutti kan taphatamudha. Hiibboon yeroo baay'ee ijoolleedhaan galgala galgala taphatama. Yoo taphatamus adeemsa mataa isaa ta'e qaba.

Hiibboo kan gaafatu "Hibboo!" yoo jedhu gaafatamaan immoo "Hibib /hibbakaa! Jedhee hibbicha deebii isaaf qophii ta'uu isaa mul'isa. Fakkeenya A fi B'n gidduutti hiibboon yoo taphatamu akka armaan gadiitti.

A: Hibboo!

B: Hibib /hibbakaa!

A: Waarituu simbirri hinqaaritu.

B: Samii

A: Hibboo!

B:Hibib!

A: Harkaan facaasanii ijaan funaanu.

B: Barreeffama

Shaakala 14

Hiibboowwan armaan gadiif deebii kenni.

1. Waliin nyaannaa maaf huqqatta.
2. Yoo ciisu akka reeffaa yoo ka’u akka leencaa.
3. Miilla afur qaba danda’ee laga hince’u.
4. Godoon gamaa balbaltiishee lama.
5. Hamma majii geessii biyya waliin geessi.
6. Jiraa du’aa baatu, du’aa jiraa baatu.
7. Ani ergaan deema; ati eessa deemta?
8. Ulee abbaan koo naaf mure hin dabus; hin cabus.

Jechama

Akaakuuwwan afoola Oromoo keessaa tokko jechama dha. Jechamni kun jechoota lamaa fi lamaa oliirra kan ijaaramu ta’ee hiika mataa isaa danda’e kan qabudha.

Fakkeenya,

- Dhaqna qabate _kittaannate
- Mataa natti baata _ naan ooda
- Iyya handaaqqoo_ barii obboroo
- Garaan naciise_ nan gammade
- Garaa-bal’atti_ arjaa
- Mataa jabaata_hinajajamu
- Quba nyaatte_ aarte

- Bishaan ta’e_ nahe
- Gurra qaba_ beekamaa
- Gurraa qaba_ dhagaheera
- **Hubachiisa:** Jechoonni walitti dhufuun jechama ijaaran kopha kophaa yoo dhaabbatan hiika of danda’e kan mataa isaanii ta’e qabu.

Shaakala 15

Jechamoota armaan gadiif hiika itti kenni.

1.Garaa jabaata

2. Miilla kaasii deemi

3. Nyaara guurti

4. Dugda nakutte

5. Miilla gabaabbatte

6. Ijalaafti

7. Harka qal’atti

8. Funyaan bira

9. Ija koon arge

10. Gurra buuse

Shaakala 16

Jechoota armaan oli shaakala 1 jala jiran keessaa shan fudhuutii hima itti ijaari.

Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee ti Piroojektii READ II Waliin Ta'uun Kan Qophaa'e

Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 7ffaa Sagantaa "Barnoonni Mana Kiyyatti"tiif Qophaa'e

Guduunfaa Boqonnaa 22

Caamsaa Bara 2012

Finfinnee

Hubachiisa:

- Sagantaa “Barnoonni Mana Kiyyatti” jedhu kan guduunfaa barnoota seemisteera 2ffaa qopheessee isiniif dhiyeesse piroojaktii READ II deeggarsa qarshii dhaabbata gargaarsa misoomaa biyyoolessaa Ameerikaa (USAID) irraa argatuuni. Qabiyyeen barreeffama kana keessatti argaman hundi itti gaafatamummaa piroojaktii hojii kana gaggeessuu yammuu ta’u ejjennoo USAID ykn mootummaa Ameerikaa kan ibsuudha jechuu miti.

Piroojaktii READ II

- Kaayyoon READ II bara 2022 A.L.A. dandeettii dubbisuu daa’imman miiliyoona 15 guddisuufi akka barnoota argatan deeggaruudha.Piroojaktichi naannolee jaha irratti kan xiyyeeffatu yammuu ta’u isaanis:- Finfinnee, Amaaraa, Oromiyaa, Soomaalii,S/S/kibbaa fi Tigraaydha. Haala kanaan jireenyi mijataa akka uumamuu fi Itoophiyaan guddina diinagdee, hawaasaa fi siyaasaa keessa akka galtuu gochuuf gahee guddaa taphata. Raawwiin Piroojaktii READ II kan ittiin hoogganamu ‘Creative Association International’tiin yammuu ta’u dhaabbanni deeggarsaa waliin hojjetanis nijiru. Kanneen keessaa ‘Education Development Center (EDC), World Vision International (WVI), International rescue Committee (ERC), Viyamna Blotery Group Ministeera barnootaa fi Biiroo Barnootaa Naannolee waliin ta’uuni.

Boqonnaa 22 : Maxxantoota

Afaan oromoo keessatti maxxantoonni jechatti maxxanuudhaan waan adda addaa agarsiisan hedduu jiru. Bakka galumsa qaama jechaa irratti maxxanan irratti hundaa'uun bakka lamatti qooduu dandeenya.

Isaanis, Maxxantuu duraa fi boodaa jedhamu.

Maxxantuu duraa

Afaan oromoo keessatti maxxantoonni jecha dura galuun tajaajilan ni jiru. Maxxantoonni kun tajaajila adda addaa qabaachuu danda'u.

Fakkeenya,

- *Haacabu wal-cimsan*
- *Nibade hinjiru*

Al-kallattii

Sab-lammii

Mit-mootummaa

Wal-beekuu

Jechoota armaan olii keessatti kan jala sararaman maxxantoota duraa jedhamu. Maxxantoonni kun akkaataa galumsa isaaniitti jechoota itti maxxananii hiika akka qabaatu taasisu. Fakkeenya armaan olii keessatti jecha ‘kallattii’ jedhu qixa sirrii yoo ta’u, ‘al-kallattii’ kan jedhu immoo qixa sirrii hintaane hiika jedhu qaba.

Maxxantoota boodaa

Maxxantoonni boodaa qaama dhuma jechaatti maxxanuun kan dhufanidha. Jechoota Afaan oromoo keessatti akaakuun maxxantuu kanaa hedduminaan mul'atu. Tajaajilli isaan kennanis akkuma maxxantoota duraa addaa adda dha.

Fakkeenya,

- Barnoota baratte
- Namoota namicha
- Galte sirriitti
- gooftolii

Jechoota armaan olii keessatti kan jala sararaman maxxantoota boodaati. Maxxantoonni boodaa kunis kan isaan ibsan: hennaa, baay'ina, koorniyaa fi kan kana fakkaatanidha.

Hubachiisa: Maxxantoonni yeroo hundaa jecha irraa adda bahanii yoo barreeffaman sarara xiqqaa (-) duraafii duuba maxxantootaa jiraachuun dirqama.

Maxxantoota duraa	Maxxantoota boodaa
hin-	-tti
al-	-e
ni-	-oota
-neen	

Shaakala 17

Jechoota armaan gadii maxxantoota itti dabaluun barreessi. Maxxantoota itti dabaltes addaan baasii agarsiisi.

1. Saree
2. Xalayaa
3. Nyaata
4. Baruu
5. Dubbisa
6. jecha
7. muka
8. sarara
9. hiriyaa
10. deggeruu

Shaakala 18

Jechoota kanaa gadii keessaa maxxantoota baay'ina garsiisan baasii barreessi.

1. Guyyoota
2. Daandilee
3. Laggeen
4. Sababiiwwan
5. barattoota
6. Sirnicha
7. sirnicha

Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee ti Piroojektii READ II Waliin Ta'uun Kan Qophaa'e

Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 7ffaa Sagantaa "Barnoonni Mana Kiyyatti"tiif Qophaa'e

Guduunfaa Boqonnaa 23

Caamsaa Bara 2012

Finfinnee

Hubachiisa:

- Sagantaa “Barnoonni Mana Kiyyatti” jedhu kan guduunfaa barnoota seemisteera 2ffaa qopheessee isiniif dhiyeesse piroojaktii READ II deeggarsa qarshii dhaabbata gargaarsa misoomaa biyyoolessaa Ameerikaa (USAID) irraa argatuuni. Qabiyyeen barreeffama kana keessatti argaman hundi itti gaafatamummaa piroojaktii hojii kana gaggeessuu yammuu ta’u ejjennoo USAID ykn mootummaa Ameerikaa kan ibsuudha jechuu miti.

Piroojaktii READ II

- Kaayyoon READ II bara 2022 A.L.A. dandeettii dubbisuu daa’imman miiliyoona 15 guddisuufi akka barnoota argatan deeggaruudha.Piroojaktichi naannolee jaha irratti kan xiyyeeffatu yammuu ta’u isaanis:- Finfinnee, Amaaraa, Oromiyaa, Soomaalii,S/S/kibbaa fi Tigraaydha. Haala kanaan jireenyi mijataa akka uumamuu fi Itoophiyaan guddina diinagdee, hawaasaa fi siyaasaa keessa akka galtuu gochuuf gahee guddaa taphata. Raawwiin Piroojaktii READ II kan ittiin hoogganamu ‘Creative Association International’tiin yammuu ta’u dhaabbanni deeggarsaa waliin hojjetanis nijiru. Kanneen keessaa ‘Education Development Center (EDC), World Vision International (WVI), International rescue Committee (ERC), Viyamna Blotery Group Ministeera barnootaa fi Biiroo Barnootaa Naannolee waliin ta’uuni.

Boqonnaa 23: Walaloo

Walaloon akaakuu barreeffamaa ta'ee yaada bal'aa tokko gabaabsanii bifan ama hawwachuu danda'uun kan dhihaatudha. Barreeffama isa hololoo irraa walaloo kan adda isa taasisu qaba. Innis akkaataa barreeffamaa, yaa'a muuziqaa (yeedaloo) qabaachuu, yaada nama hawwachuu filannoo jechootaa fi kkf.

Walaloon tokko yoo barreeffamu amaloota mataa isaa ta'e qaba. Amaloonni walaloo kunis kan armaan gadiiti.

a. Walaloon buufata qaba.

Tuutni bo'oo walaloo tokkoo buufata jedhama.

Bo'oon walaloo kunis gaalewwanii fi ciroowwan buufata walaloo tokko qofaa keessatti argamanidha.

Fakkeenya,

i. Guyyaa yaadee yaada baadhee

Oliigadi jedhee kaadheee

ii. Halkan qixxees yeroo ciisaa

Yaanni dhufee natti hasaasaa

iii. Deemi nabiraa jedheen kadhee

Deemuu dide miilla fuudhee.

Walaloo armaan olii keessatti bo'oowwan walaloo lakkoofsa i, ii fi iii jala jiran. Buufata walaloo jedhamu.

b. Walaloon gaalee fi ciroo qaba.

Yeroo

Haala yeroon qabee

Yeroon yeroo ilaalee

Inni yeroon fide

Yeroo dhumaaf malee

Yeroon kufee ka’aa

Gaafa yeroon ture.

Walaloo armaan olii keessatti gaalee fi ciroon keessatti argamu. Fakkeenyaaf, bo’oo 3ffaa fi 6ffaa keessatti gaalee ‘yeroon fide’ fi ‘yeroon ture’ jedhu arganna. Gama biraatiin bo’oowwan walaloo armaan olii hundi isaanii Ciroo hirkataa fi ciroo of danda’aa jalatti qoodamu.

c. Yeedaloo ykn yaa’a muuziqaa qaba.

Xumura toora walaloottii sagaleen walfakkaatanii yoo xumuraman sagaleen walfakkaataa walsimu sun yeedaloo jedhama. Amalli walaloo kanaa midhagina walalichaaf kan kennu dha.

Fakkeenya,

- Hamii dhiisii
- Hojii cimsi!
- Hojiin utubaa
- Hundee guddinaa

Walaloo kana keessatti kan jala sararaman sagalee yaa’a muuziqaa walfakkaataa ta’e qabu. Kanaaf, walaloon bifa Kanaan barraa’u yaa’a sagalee qabaachuu isaa mul’isa. Kunis amala walaloon qabu keessaa isa tokkodha.

Kitaaba kee irratti walaloon “Odaa” jedhu boqonnaa 21 jalatti barreeffamee jira.Walalicha irratti hundaa’ii gaaffilee armaan gadii deebiikee barreeffamaan kaa’i.

Shaakala 19

1.Walalichi buufata meeqa qaba?

2.Walaloon kun amaloota walaloo akkamii of keessaa qaba?

3.Ergaa walalichi dabarsuu barbaade maalidha?

Shaakala 20

Hubannoo walaloo qabdu irratti hundaa'ii gaaffilee armaan gadii deebisi.

1.Garaagarummaa bo'oo fi buufata walaloo barreessi.

2. Walaloon barreeffama hololoo irraa maaltu adda isa godha?

3. Walaloo gabaabaa ta'e barreessii maatii keef dubbisi.

Deebii shaakalootaa

Shaakala 1. Bamaqaa

1.Isaa (maqdhaala qabiyyee ibsa)

2. Keenya (maqdhaala qabiyyee ibsa)

3. Isaan (maqdhaala matima mul'isa)

4. Ani (maqdhaala matimaa mul'isa)

5. Keenya (maqdhaala qabiyyee)

6. Isheen (maqdhaala matimaa mul'isa)

7. Isa (maqdhaala antimaa mul'isa)

Shaakala 2. Hiika jechootaa

1. Seera **murteesse.**
2. Garaa na **dhukkuba.**
3. Muka **jigse.**
4. Seera **baase.**
5. Nama **reebe.**
6. Sangaa **kolaase.**
7. Haaduu **qare.**
8. Buna **bulleesse.**
9. Salphadhe
10. Amala bade.
11. Sanyiin bade.

Shaakala 3 Gaalee

1. Qe’ee bal’aa (gaalee maqaa)

2.Uffata haphii (gaalee maqaa)

- Cicciree gate (gaalee gochimaa)

3. Namicha diimaa bareedaa (gaalee maqaa)

- Diimaa bareedaa (gaalee maqibsii)

4.Mana keessa (gaalee firoomsee)

5. Dhugumaan (gaalee maqaa)

Shaakala 4 Ciroo

Himoota armaan gadii keessaa ciroo hirkataa fi of-danda'aa ta'an baasi.

1. Barnoota kee sirriitti yoo qu'atte(ciroo hirkataa)

- Qabxii gaarii fidda. (ciroo of-danda'aa)

2. Dhibeerraa ofirraa ittisuuf (ciroo hirkataa)

- Qulqullina ofii eeggachuun barbaachisaa dha. (ciroo of-danda'aa)

3. Daddafee waan nyaateef (ciroo hirkataa)

- Midhaan isa hudhe. (ciroo of-danada'aa)

4. Hiyyummaa keessaa bahuuf (ciroo hirkataa)

- Cimanii hojjechuudha. (ciroo of-danda'aa)

5. Humnaa ol taphachuun (ciroo hirkataa)

- Miidhaaf nama saaxila. (ciroo of-danda'aa)

Shaakala 5) Ciroo

Deebiin shaakala kanaa banaa waan ta’eef kallattii hedduun deebi’uu danda’a.

a) Hin dubbifamu

b) Bokkaan waan itti roobeef

c) Hubachuu hindandeenye

d) Daandii fagoo deema.

e) Afaan Oromoo barachuun

f) Kitaaba dubbisuun

g) Garaan ni bokoka.

Shaakala6.Hima

Himoota armaan gadii akaakuu himaan addaan baasi.

1. Hasan eessa jiraataa?
   - Hima gaaffii
2. Oromoon Hora finfinneetti irreeffata.
   - Hima himamsaa
3. Gadi badii namaa!
   - Hima raajeffannoo mul’isu
4. Sagalee qaba!
   - Hima raajeffannoo
5. Uffata jijjiirrattee?
   - Hima gaaffii
6. Sin jaalladha haadhakoo!
   - Hima raajeffannoo
7. Nyaata marqaa sirriittin jaaladha.
   - Hima himamsaa
8. Soba kee nutti hinafuufiin!
   - Hima raajeffannoo

Shaakala 7.Sababaaf bu’aa

Himoota armaan gadii keessaa sababaa fi bu’aa isaanii baasii barreessi.

1. Fayyaa ta’uun koo, qulqullina sirriitti waan eeggadhuufi dha.

- Sababa: qulqullina sirriitti waan eeggadhuufi dha.
- Bu’aa: Fayyaa ta’uun koo

2. Welluu Galaanaa Gaaromsaa dhaggeeffadheen, hedduu natti tole.

- Sababa: Welluu Galaanaa Gaaromsaa dhaggeeffadheen
- Bu’aa: hedduu natti tole.

3. Gorsa namaa dhaggeeffachuun, daandii qajeelaatti nama deebisa.

- Sababa: Gorsa namaa dhaggeeffachuun
- Bu’aa: daandii qajeelaatti nama deebisa.

4. Kosii daandii irratti gatuun magaalaa faala.

Sababa: Kosii daandii irratti gatuun

Bu’aa: magaalaa faala.

5. Manni barumsaa waan cufameef, hiriyoota koon yaade.

Sababa: Manni barumsaa waan cufameef

Bu’aa: hiriyoota koon yaade.

6. Kitaaba dubbisuun beekumsa guddisuudha.

Sababa: Kitaaba dubbisuun

Bu’aa: beekumsa guddisuu dha.

Shaakala8.

Hima ijoo:

Fedhii bu’uuraa kan ilma namaaf guutamuu qaban keessaa tokko mana.

Himoota calla:

Manni kan keessa jiraatan.

Akkasumas, kan keessatti hojjetan bu’aa hojii ilma namaati.

Ilmi namaa mana keessa jiraachuu yoom akka jalqabe hinbeekamu. Haata’umalee holqaa fi tulluu jala jiraachaa akka ture seenaan ni mirkaneessa.

Namni mana ijaaree keessa jiraachuu erga eegalee waggootii kuma hedduu ta’eera.

Jijjiirama wagga hedduu keessatti ijaarsi manaa fooyya’aa dhufee har’a gahe.

Hima goolobaa: Biiftuu qaroominaa mul’ataa dhufeen ijaarsi manaa; mana holqaa fi tulluu seenaa taasisee jira.

Shaakala 9. Keeyyata

Tartiiba himoota sirrii, 5, 2, 4, 1, 7, 3, 6

Shaakala10. SirnaTuqaalee

1. Milkiin “obboleessi koo naqu’achiisaa jira” jette.

2.“Barnoota koo yoon xumuru kaappiteenii xiyyaaraan ta’a” jedhe Sanyiin.

3. Uummanni tajaajila geejjiba ammayyaa: taaksii, atoobisii, baabura, Xiyyaaraa, doqdoqee fi biskileetii fayyadamu.

4. Maatiin waljaallatu gammachuu qaba.

5.Duudhaa Oromoo biratti halluun sadii hiikkaa addaa qabu: gurraacha diimaa fi adii.

Shaakala 11.Xalayaa

Xalayaan tooftaa namoonni barreeffamatti gargaaramuun ergaa ittii dabarfatani dha.

a) Xalayaa hojii –lakkoofsa pirotokoolii qaba.

-chaappaa qaba.

-seensi isaa xalayaa dhuunfaan adda dha.

- dhimma hojii irratti barraa'a.

b)xalayaa dhuunfaa- Akkaataa walitti dhufeenyaan barraa'a

- dhimma hawaasummaa irratti barraa'a.

Shaakala 12. Afoola

1. Rakkoo ofitti cimsuu
2. Tokkummaa ibsa
3. Tuffiiibsa
4. Dagannaa
5. Kutannoo qabaachuu
6. Firatu firaaf ho'a/firummaa
7. Gaabbii ibsa

Shaakala 13.

Gilgaala 5a)

1.D 2. A 3. E 4. B 5. C

Shaakala 14.

1. Fal’aana/boojjitoo
2. Qawwee
3. Siree
4. Funyaan
5. Abidda
6. Farad, kooraa fardaa fi nama
7. Gaaddidduu
8. maqaa

Shaakala 15.

Hiika jechamaa

1.Hamminoofte

2.Saffisaan deemi

3. Mufatte/ dallante

4. Na naasifte

5. Turtee dhufte

6. Sodaatti

7. Nirakkatti

8. Dhihoo

9. Mucaa argate /dhalateef

10.Itti hime

Shaakala17.Maxxantoota

Shaakala kana keessatti maxxantoonni bifa garaagaraan jechatti maxxanuu danda'u.

Hundeen jechaa erga bahee bifa armaan gadiin maxxantoota fudhatu.

1. Sar- -oota -oonni
   -icha -tte
   - ittii
   -f

2. Xalay- -oota
   -icha -umsa
   -n
   -noota

3. Nyaat- -e -a
   -an
   -aa
   -aaf

4. Bar- -uu
   -ataa
   -attoota

5. Dubb- -ii

-ate

-iste

-atameef

-iin

6. Jech- -a

-oota

-ichi

-aaf

-uu

7. Muk- -a

-oota

-aan

-keen

8. Sarar- -e

-an

-te

-tuu

-oota

Shaakala 18.

1.-oota 2. -illee 3. -geen 4. -iwwan 5. -toota 6. -icha

-a

-oota

-ichi

Shaakala 19.

1. Buufata shan qaba.

2.Mallattoo odaan uummata Oromoo biratti qaba unka mul'isudha. Innis: tokkummaa, badhaadhina, teessoo abbaa Gadaa fi kkf.

3

- Bo'oo fi buufata walaloo
- Gaalee fi ciroo
- yeedaloo

Shaakala 20. Walaloo

1. Buufata walaloo jechuun tuuta bo'oo walaloo jechuudha. Bo'oon walaloo immoo toora/sarara walaloo tokkoo jechuudha.

2.Miidhagina sagalee,filannoo jechootaa, walqixxummaa birsagaa of keessaa qaba.